# Tarsimoo diddaa qoqqoodinsa sanyiidhaanii kan Victoria bara 2024-2029 GABAABAATTI

Tarsimoon diddaa qoqqoodinsa sanyidhaanii (anti-racism) Victoria tarsimoo jalaqabaa karoora **waggaa 5 kan Victoria keessaa** sanyummaa (racism) fi loogii (discrimination) dhorkuuf karoorsamee dha.

Waliin hojjachuudhaan Victoria bakka hundumtuu wal qixa, nageenyaan keessa jiraatu ijaarrachuu dandeenya.

## Qoqqooddanii sanyiinii (racism) maali dhaa?

Balfinni sanyii yeroo namootni sababa sanyii (race) ykn qomoo isaanii irraa kan ka'e loogiin irratti geessisamuu dha. Kan inni dabalus arrabsuu, qoodumsaa ykn waan argachuu qaban ykn hiree namoota kaaniif kennamu yeroo kennuufiin dhiisamuu dha.

Qoqqooddaan sanyiinii kara baay'ee of mul'isuu danda'a. Tarsimoon kun qoqqooddaa sanyiidhaanii hawaasa keessa jiru furuu irratti:

- xiyyeeffata
- Jaarmiyaalee fi dhaabbilee
- seerawwan, Imaammatawwan fi sirnoota.

## Mul'ata keenya

Victoria balfina qoqqoodinsa sanyiidhaaniifi loogii irraa bilisa taatee, bakka Viktoriyanotni hundi mirga wal qixa, bilisummaa fi ittisa qabaatanii nageenya fayyaalessa fi hawaasa wal gargaaru tahanii waliin jiraatan.

**Tarsimoon kun balfina qoqqooddaa sanyii fi loogumsaa Victoria keessaa hir'isuuf galmawwan 4 qaba:**

### Galma 1.

**Ilaalchis, amalli fi amantaan balfina sanyii, addatti beekama, ni didama, fudhatamas dhabsiisama**

### Galma 2.

**Tajaajilootni mootummaa fi bakki hojii kan nageenya qaban, hundaaf banaa tahanii fi loogiin ala akka ta'an taasisuu.**

### Galma 3.

**Qoqqoodinsa sanyiidhaanii fi loogiin kanaan booda hirmaannaa, guddina, nageenyaa fi milkaahinsa keessatti bakka kamitti illee hudhaa tahuu hin danda'an.**

### Galma 4.

**Namootni qoqqoodinsi sanyiidhaanii irratti geessifame, gargaarsi nageenyaa fi aadaa isaanii waliin wal fudhatu ni taasisamaaf**

## Mul'ata hojii irra oolchuu irratti

Tarsimoon diddaa qoqqooddaa sanyiinii kanneen armaan gadii ni taasisa:

- bakka **ispoortii hawaasaa** keessatti guutummaa kutaa biyyaa keessa duula qoqqooddaa sanyiidhaanii dhorku ni gaggeessa.
- sadarkaa naannootti balfina sanyii hanqisuuf **tarkaanfii hawaasaan gaggeeffamu** ni argaaraa
- **Ittisaa fi seerawwan** kan dubbii fi amala jibbinsaa dhorkan ni jajjabeessa.
- akkaataa itti dhaabbilee **gabaasaa balfina sanyii isaanitti dhiheessamu itti ilaalanii fi deebii itti kennan wayyeessuu**
- imaammata keessatti **balfina sanyii fi loogumsaa hir'isuu**
- akka itti **qachartoonnii fi dhaabbileen**balfina qoqqooddaa sanyiinii itti dhorkan fi deebii itti kennan wayyeessuu
- namoota balfinni qoqqooddaa sanyiinii irratti geessisame **kara walgargaarsa sadarkaa naannootti taasismuu** cimsuu

Jijjiirama taasisamu hordofnee tarsimoon kun balfina qoqqooddaa sanyiinii hir'isuu irratti qabu ni safarra akkasumas adeeemsa hawaasaaf gabaasaa ni dhiyeessina.

VICTORIA State Government


# Tarsimoo kana maaliif barbaadna

Viktoriyanotni kan dhufan

**Dhaloota adda addaa 300 ta'an irraa**

afaanota **fi loqodawwan 290 fi dubbatu**

amantiiwwan adda addaa
**200 ta'an hordofaa**



Viktoriyanotni **30%** biyya alaatti dhalatan



**Kan Australia Ummata** Jalqabaa
8% Victoria keessa jiraatu



## Eenyutti dubbatnee

**Viktoriyanota 670 caalan Ummata Jalqabaa (First People) hawaasa aad-danuu (multicultural) fi amantaa daneessa (multifaith)** irraa dhageenyee jirra. Kunneen kan of keessatti haammatan gaggeessitoota hawaasaa, ogummaa kan qaban fi hojjetoota adda duree (frontline) tahanii dha.

Bara 2022, **namoota 5 keessaa 3 dhibbantaa 60 (60%)**
Australia keessa **balfinni sanyii isaan irra gahuu gabaasan**



Bara 2023, namoota **5 keessaa 1 dhibbantaa 18 (18%)**
**Australia keessa** balfinni sanyii isaan irra gahuu gabaasan



**Australiyanota 5 keessaa 3 dhibbantaa 63 (63%)**
godaantota (migrnat) **biyyota Asia, Africa, ykn giddu-galeessa Bahaa** ykn amantiin isaanii Kiristaana hin taane jibbinsa qabaniif.



**Australiayanota** 5 keessaa 3 **dhibbantaa 62 (62%) qoqqooddaan sanyiidhaanii 'rakkoo guddaa' ykn 'akkaan rakkoo guddaa' (faily big problme) tahuutti argan**



**Odeeffannoo dhabuu fi hawaasni tajaajila amanuu dhiisuun qoqqooddan sanyiidhaanii gahaatti osoo hin gabaasamin akka jiru ibsa.**

## Qoqqooddaa sanyiidhaan Victoria keessa jiru gabaasuu



Eenyu illee qoqqoddaa sanyiidhaaniif saaxilamuu hin qabu. Yoo Victoria keessa balfina sanyii ykn loogii (discrimination) agarte gabaasuu dandeessa.

**Komishina Hiree Walqixaa fi Mirga Namoomaa Victoria(Victorian Equal Opportunity and Human Rights Commission)**

Guyyoota torbee (weekdays) ganama sa'aa 10 irraa hanga waaree booda sa'aa 2tti 1300 292 153 bilbilaa. Yoo afaan hiikaa bilisaan barbaaddan, 1300 152 494 bilbilaa.

Imeelii **enquiries@veohrc.vic.gov.au**.

Gabaasaa **dhoksaatti toora interneetaa irraan gabaasuuf** <https://www.humanrights.vic.gov.au/get-help/community-reporting-tool/>.

**Tajaajila Irkoo Biyyaalessaa (National Relay Service) qunnamaa** <https://www.humanrights.vic.gov.au/get-help/contact-us/>.

**Poolisii Victoria**

Hatattama yoo ta'e(emergencies), yakka raawatamaa jiru gabaasuuf, ykn polisiin daddaffiidhaan akka argaman odeeffannoo kennuuf Duwwaa-sadeen (Triple Zero) (000) bilbili.

Kan hatattama hin taaneef, Toora Gargaarsa Bilbilaa Poolisii 131 444 ykn 131 450 irratti bilbilii nama tola afaan siif hiiku waliin itti dubbadhu.

Buufata poolisii naannoo keessan jirutti ykn **toora interneetaa irraan** <gabaasuu dandeessu karaa https://www.police.vic.gov.au/police-assistance-line-and-online-reporting>.

Osoo of hin saaxillee Ittistoota Yakkaatti (Crime Stoppers) 1800 333 000rratti ykn <www.crimestoppers.com.au>gabaasuu dandeessa.

**Gargaarsaa fi akka itti gabaastu, tarsimoo diddaa balfina sanyii** , mar-sariitii ilaali **Victoria's anti-racism strategy** website <https://vic.gov.au/victorias-anti-racism-strategy>

## Odeeffannoo dabalataa

Tarsimoo guutuu kana afaan English ykn cuunfaa isaa afaanota kaaniin toora interneetaa **irratti ni argattu** <https://vic.gov.au/victorias-anti-racism-strategy>.
Akkasumas odeeffannoo caaluuf Tajaajila Afaan Hiikaa fi Jijjiirraa (Translating and Interpreting Service (TIS) 131 450 irratti fi Damee Premier fi Cabinet 03 9651 5111 irratti bilbiluu dandeessa ykn gara Damee Premier fi Cabinet kara **antiracism.strategy@dpc.vic.gov.au email erguu dandeessu**.

Abboomsaa fi maxxansaan Mootummaa Victoria, 1 Treasury Place, Melbourne.
© State of Victoria, Australia, Damee Premier fi Cabinet, Sadaasa 2024.
ISBN 978-1-923294-25-7 (online/PDF/Word) ykn (maxxnsa (print)
**Victoria's anti-racism strategy 2024-2029** <https://vic.gov.au/victorias-anti-racism-strategy> irra ni jira
Kan maxxanfame, maqaa dhaabbatichaa itti galchaa,, suburb (haammattuu keessatti lakkoofsa hojii diizaayinaa galchi)